89	Takastee Abbee	Dhi	24/4/2017	>>
90	Nigusee Tashoomee	Dhi	03/8/2017	> >
91	Gaacoo Boggaalee	Dhi	27/02/2018	>>
92	Mokonniin Katamaa	Dhi	22/8/2017	>>
93	Zagayyee Gizawu	Dhi	30/03/2018	>>
94	Tsaggaaye Takilee	Dhi	02/6/2018	>>
95	Tashoomee Obomee	Dhi	29/11/2018	>>
96	Geetuu Shuumee	Dhi	20/11/2018	>>
97	Abbabee Tafarraa	Dhi	04/12/2018	>>
98	Kaasahun dabalaa	Dhi	04/12/2018	>>
99	Tashoomee Dammisee	Dhi	27/01/2018	Moleme
100	A/e Abaabaa Kaasayee	Dha	10/01/2018	>>
101	Indaaluu Makonnin	Dhi	17/6/2018	>>
102	Dassaaloo Ziqqee	Dhi	17/6/2018	>>>
103	Taaddasee Gannanee	Dhi	17/01/2018	>>
104	A/e Siisay Buzunee	Dha	17/01/2018	>>
105	Abbaay Abbabee	Dhi	17/01/2018	>>
106	A/e Damooz Gizawu	Dha	17/01/2018	>>
107	A/e Taganee Kaffaalee	Dha	02/6/2016	Farqasaa
108	A/e Asnaaqech Abbabee	Dha	29/01/2018	>>
109	A/e Iteenash Asaffaa	Dha	20/01/2018	>>
110	A/e Warqinash asfawu	Dha	02/02/2018	>>
111	A/e Fallaq Tafarraa	Dha	04/02/2018	>>
112	A/e Salaam Tesfaayee	Dha	27/01/2018	>>
113	A/e Yeneenash Sabboogaa	Dha	10/01/2018	>>
114	A/e Ganzab Zallaqee	Dha	17/6/2018	>>
115	Kokobee Mokonnin	Dhi	17/01/2018	>>
116	A/e Tsahaayi Mangistuu	Dhi	20/9/2018	>>

Godina Arsii Bahaa Aanaa Asakootti Namoota Ajjeefaman


T.Lkk	Maqaa	Saal.	Um	Guyyaa itti ajjeefame	Bakka itti ajjeefame
-------	-------	-------	----	-----------------------	----------------------





1	Ob. Haayiluu Nigusee Warqinee	Dhi	83	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
2	Ob.Sammuu Abbaayinee	Dhi	75	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
3	Ob.Zabbanee Abbabee Daanyee	Dhi	49	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
4	Ob.Tarree Dassee Wandimmuu	Dhi	25	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
5	Ob.Battoo Saafenoo Jaarraa	Dhi	60	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa




Godina Arsii Bahaa Aanaa Asakoo Ganada Xalataa Caffaa gaafa guyyaa 23/9/2018 fi 24/9/2018 Hidhattootni Naannoo Sana marsanii Dhukaasa yeroo banan Nageenya fi tasgabbii kabachiisuuf osoo jiranii Miseensota Miliishaa ajjeefamanii

T.Lkk	Maqaa	Saala	Umr	Guyyaa itti ajjeefame	Bakka itti ajjeefame
1	Ob.Ababaayyoo Daanyee Cessolee	Dhi	42	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
2	Ob.Dammirewu Abarraa Altaayyee	Dhi	79	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
3	Ob.Kaffee Likkellewu Zawudee	Dhi	47	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa
4	Ob.Isheetuu Daamenaa Indaashawu	Dhi	44	23/9/2018	Ganada Xalataa Caffaa



1.1.1. Bara 2014 hanga 20/06/2018 tti Miidhaa irratti raawwatameen Namoota Lubbuu isaanii dhaban

			
Ob.Delleleny H/Gebri'el	Ob.Solomoon Kifilee	Ob.Denneqee Tagany	Ob.Taaddalee Shawaalaffaa
Umri : 65	Umri : 44	Umri : 75	Umri : 54
			

Ob.Gooliyyee Nagaash	Ob.Ingidaa Ayyaalewu	Ob.Adefeferis Taaddasee	Ob.Ballaxee Geetuu
			
Ob.Zennabee Geetachoo	Ob.Damisoo Getiyyee	Ob.Geetiyyee Abarraa	Ob.Shiimllis Geetuu
		***+ 	
Ob.Awwaqee Damisee	Qes Tasfuu Alamuu	Ob.Solomoon Xilaahun	Qes Shaggaawu Kifilee
			
A/e Siniyyee Xejjinee	Ob.Bagaashaa Siyyum	Shaambal Azzaagee	Abarraa Balaayinee
			
Ob.Shaanbal Nagash	Ob.Abaatee Tirfee	Ob.Birihaanuu Dammaqee	Ob.Makiriyyee Yirgaa

			
Ob.Dassaaleny Taaddasee	Ob.Daanyee Irgaxee	Ob.Yeshanewu Getaahun	Ob.Mogos Geetaahun
			
Ob.Warquu Geetachoo	Ob.Kifilee G/kiristoos	Ob.Haayilee Mellas	

			
A/e Bayyanech Tasammaa	Ob.Balayi Mogosee	Ob.Ingiduu Bimerq	A/e Tizzitaa W/Maariyaam
Umri 58	Umri 70	Umri 60	Umri 60
			
A/e Xajjituu Tefarraa	A/e Birqee Geexee	A/e Terraftaa Daargee	A/e Tiringoo W/Amaanu'el
Umri 70	Umri 70	Umri 50	Umri 50

			
A/e Amalee Sabsibee	Ob. Asaffaa Gullilaat	B/sa Addeguu Dinqee	Ob. Lammaa Ziqqee
Umri 28	Umri 80	Umri 60	Umri 25
			
Ob. Isheetuu Gennanee	Ob. Marshaa Gizawu	Ob. Zawuduu Gizawu	Ob. Gosaa Xilayee
Umri 27	Umri 50	Umri 60	Umri 70
			
Ob. Nigusuu Mokonnin	Ob. Burush Baantee	Ob. Geetuu Dinqinee	Ob. Siisayi Tsigguu
Umri 50	Umrii 45	Umri 45	Umri 45
			
Ob. Zelleqee Tsigguu			
Umri 50			

1.1.2. Suuraa Miiseensota Maatii tokkoo Gaafa guyyaa 14/2/2018 Lubbuu isaanii dhabanii

Suuraa gadii irratti kan mul'atan Maatii Obbo Mulaatuu Yoo ta'an Obbo Mulaatuu dabalatee Haadha waara Obboleessa isaanii ,Haadha warraa Mucaa isaanii fi Ijoolleen isaanii keessatti argamu .Mikkiyaasii fi Soofiniyaas Lakkuu yoo ta'an erga guddatanii suuraa waan hinqabneef kun Suuraa Ijoollummaa isaaniiti .

			
A/e Yeshii Mallas	Ob. Mulaatuu Dassaleny	A/e Mastiikaa Maammoo	Mikiyas Mulaatuu
Umri ÷ 37	Umri ÷ 72	Umri ÷ 60	Umri ÷ 9
			
Soofoniyaas Mulaatuu			
Umrii ÷ 9			

Warri Suuraa irratti argaman kunneen miseensa Maatii tokkoo Yoo ta'an Gaafa 04/11/2017 Obboleeyyan 3 fi Mucaa Lubbuu isaanii dhabanidha.



Ob.Wegen Geetaanee	Qes Adimaasuu Geetanee	Ob.Makuriyaa Kifiluu	Ob.Kifiluu Geetanee
Umrii ፣ 54	Umrii ፣ 47	Umrii 35	Umrii ፣67

Suuraa irratti kan mul'atan kunneen Miseensota Maatii Tokkoo Yoo ta'an gaafa 23/10/2017 Haadha,Abbaa,ijoollee 2,Haadha warraa Mucaa isaanii Mucaa mucaa isaanii dhihoo Lubbuu isaanii dhabanidha.

			
Ob.Kaapitaal Shawaataaxaq	Ob.Gosaa Zagayyee	A/e Nigaat Taaddalee Mollaa	A/e Tewaabeche Mammiree
Umrii ፣ 62	Umrii ፣ 30	Umrii ፣ 30	Umrii 45
			
Daa'ima Bass Kaapitaal	Da'i.Daagim Kaapitaal	Da'i.Miixxaa Kaapitaal	
Umrii 7	Umrii ፣ 4	Umrii ፣ 7/12	

1.1. MIIDHAA QAAMAA:

Naannoo Oromiyaatti Godina Arsii Bahaa Aanaalee adda addaatti Miidhaa Hidhattootaan raawwatameen Daa'ima waggaa 4, Waggaa 8, Namoota Waggaa 56 fi kan W/60 Jiraattota Naannoo irratti Miidhaan Qaamaa gaheera. GMNI Miidhaa dhaqqabe ilaalchisee Yeroo Ragoota Haasofsiisetti waa'ee Miidhaa qaqqabee yeroo dubbatan:-

“ Onkoloolessa 12 bara 2018 Gareen Hidhate guyyaa keessaa Naannoo saa 7:00 gara Mana keenyaa dhufuudhaan Dhaataa fi Dhugaatii fidaa jechuun Dhugaa dhiichisaa eega oolanii booda naannoo saa 11:00 Namoota 6 qabatani Bosona eega bulchan booda ganama isaa jechuun gaafa 13/2/2018 deebi'anii dhufuudhaan Namoota 10 fuudhan waluumaa gala Namoota 16 fuudhanii 14 ajjeesanii 2 Daa'ima waggaa 4 fi waggaa 8 Rasaasaan rukutanii gatanii/dhiisanii yoo deeman ganama isaa yeroo reeffi fuudhamu Daa'imman lamman Lubbuun hafanii argamnii daa'imni waggaa 8 bakka 5 kan rukutamte yoo taatu kan waggaa 4 immoo bakka lama kan rukutame yoo ta'u Miilli Bitaa akka citu ta'eera”. Jechuun ibsaniiru.

T.Lkk.	Maqaa	Um,	Saal.	Bakka gochichi itti raawwate	Guyyaa
1	Sintaayyoo Shawaan Gizawu Mulaatuu	8	Dha.	Aanaa Guunaa	13/2/2018
2	Taammiraat Awugichoo	4	Dhi.	Aanaa Guunaa	13/2/2018
3	Zergaawu	60	Dhi.	A/Shirkaa	16/5/2016

	Tesammaa				
4	Solomoon T/Maariyaam	56	Dhi.	A/Shirkaa	8/12/2016

1.1.1. Suuraa Daa'ima Miidhaan irratti raawwatamee



1.2. Ukkaamsuu/ Butuu

Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Bahaa Aanaalee adda addaatti yeroo adda addaatti Qaamoleen Hidhatan ukkaamsaa Amantaa Bu'ura godhate raawwachuun Qarshii gaafachuun kan gadi lakkisan yoo ta'u takko tokko iraa immoo Qarshii eega fudhatanii booda Ajjeesuu fi kaanimmoo ukkamfamanii hanga Ibsi kun qophaa'utti eessa akka jiran akka hinbeekamne GMNI Maatiiwwan Miidhamtootaarraa, Ragaa Ijaarraa, fi Mana Lubummaa Aanaalee Godina Arsii Bahaa wajjin Af-gaaffii taasiseen Ragaa argateen beekuu danda'eera. kanaanis Aanaa Roobeerraa Namoota 156 kan Ukkamfaman yoo ta'an Namoonni 141 gadi

lakkifamanii Namoonni 15 hanga Ibsi kun qophaa'utti eessa akka jiran hinbeekamu. Aanaa Jajuu irraa Namoonni 182 kan ukkaamfaman yoo ta'u kanneen keessaa Namoonni 166 Dhiira fi 16 Dubartoota (Dhalaa) Qarshii kaffalanii bahaniiru. Aanaa Martiirraa Nammoonni 29 Ukkaamfamanii kan turan yoo ta'u 27 Qarshii kaffalanii kan gadi lakkifaman kan ta'anii fi 2 Abbaa Manaa fi Haati Manaa Qabeenya isaaniirraa Butamanii hanga Ibsi kun qophaa'utti eessa akka jirankan hinbeekamne ta'uu hubachuu dandeenyeerra. Haaluma wal-fakkaatuun Aanaa Muniissaatti Namoonni 2 ukkaamfamanii eessa akka jiran Kan hin beekamne akkasumas Aanaa Shiirkaatii Namoonni 39 Kan Ukkaamfaman ta'uu hanga Ibsi kun qophaa'utti haalli isaani itti jiran akka hin beekamne GMNI beekuu danda'eera. :: Shiirkaadhaa Namoota Butaman/ukkamfaman ilaalchiseen Miseensonni maatii GMNI tiif yeroo ibsan:- "Mudde gaafa 08 bara 2016 halkan saa 3 Gandi keenyaa hidhattootaan weerame. Amantoota Ortodoksii Mana mana isaaniitii funaananii bahan, Daa'ima, Dubartii, Dhiira, Manguddoota osoo addaan hinbaasin walitti qaban. sana booda namoota murtaa'e ajjeesanii harka baayyee fuudhanii deemani; edda deemaniis bilbila bilbiluun tokkoo tokkoo isaaniitiif Qarshii Kuma 500,500 yoo kaffaltan isaan gadi lakkisina jedhan Qarshiin walitti qabamee ergame Qarshicha erga fudhatanii booda nii dhufuu jedhamnee turre garuu hanga ammaa haala isaan keessa jiran beekuu hindandeenye jechuun ibsaniiru. Namoota ffudhaman keessaa namni tokko harkaa miliqee kan dhufe jira. Innis waa'ee haalichaa dubbiin nutti hime;" gaafa ani miliqee dhufee Laga qarqara hiriirsanii garaa keessaniin ciisaa nun jedhan. kan yeroon dhagahu ciibsanii nu ajjeesuuf jedheen fuula dura waanan jiruuf ciisee na ajjeesuurra utuun fiiguu naan haa ajjeesan jedheen fiige. xiqqoo akkan fiigeen sagalee dhukaasaa dhagaheeraa dhukaasichi waan ani fiigeef haa ta'uu isaaniin ajjeesuuf haa ta'uu

hinbarre”jedheera. Bakki dhukaasti turee Gammoojjiidha.deemamuu hin dandaa’amu waggaa lama darbeera. *Lubbuun haa jiraatanii hinjiraatin hinbeeknu. Jechuun”*

Namoota ukkamfamanii gadi lakkifaman keessaa Maanguddoon waggaa 60 waa’ee dhimmichaa yeroo ibsan;”Mudde 05bra 2017 xaafii haamaa turre Namoonni bosanaa dhufan “Qoncaraadhaan”mataa koo na dhahanii Beeladoota 30 ta’an hooffatan.Ana dabalatee namoota 12 sadafiidhaan nu dhahaa gara bosoonatti nu geessan.kudha lamman keenya keessan dubartootni 3 turan.guyyaatti yeroo 2 ruuzii nuuf kennu turan.uffatuma uffanneen rafna .irriba rafuu hindandeenyu turre.sababiinsaas nu bira ta’anii waan qara qabu qaru turan.garuu guyyaa 6 eega turee booda tokkoon tokkoo keenyarraa Qarshii Kuma 500,500 fuudhanii nu gadi lakkisan.osoo bosona jirruu yaala nuuf taasisanis hanga abbaa cinaacha koo na dhukkub”.jechuun ibseera.

1.3. Buqqaatii

Naannoo Oromiyaa Godina ArsiiBahaa Aanaalee Addaa addaatti kutaan hawwaasaa argaman irratti bifa Amantaa bu’ura godhatee Ajjeechaa,iidhaa Qaamaa,Ukkaamsii fi Qabeenyaa balleessuun kan irra gahe waan ta’eefi Miidhaan Naannoo sanatti qaqqabu yeroo dheeraa fi kan turee fi irra deddeebiin kan raawwatamuu fi Mootummaa Federaalaas ta’e Mootummaaan Naannoo Oromiyaa fumaata waan hin kenniiniif Hawwaasni Naannoo Sanaa jiraachuuf yaaddoo waan itti ta’eef Lubbuu isaanii oolfachuuf Maatii isaanii qabatanii gara naannoolee ollaa isaaniitti godaanuun rakkoo hamaa keessatti argamu. GMNI qorannoo taasiseen keessumaa Dubartootaa fi Daa’imman rakkoo hamaaf saaxilamuu isaanii hubachuu danda’eera. GMNI Manneen Lallaba Biyyaa fi Godina Arsii bahaatti kanneen

argaman Lallaba biyyaa Aanaalee irraa bu'ura raga arhgateen bara 2016 hanga 2018tti Aanaa Martiirraa 1,036,Aanaa Jajuurraa Dhiiraa 3,310 fi Dubartoota 290 wasliigala Namoonni 6,216 Aanaa Guunaa irraa Namoota 21 Aanaa MuniissaarraaNamoota 29,Aanaa Shirkaarraa 3,746,Aanaa Roobeerraa Namoota 1,270 fi Aanaa Asakoorraa Nammoonni 2,133 kan Buqqa'an ta'uu beekuu danda'eera.

1.4. Qabeenya Balleessuu

Naannoo Oromiyaa Godina Arsii bahaa Aanaalee addaa addaatti Qaamota hidhataniin Amantaa bu'ureffachuun Qabeenyaa balleessuun kan qaqqabee yoo ta'u GMNI bu'ura ragaa Lallaba biyyaa Godina Arsii fi Lallaba Biyyaa Aanaa irraa argateen Aanaa Jajuutti Horiin (Beeladni) Gaanfaa fi Kotte duudaa(Gaammaa) saamamuu isaanii Manneen 5 gutumaa guutuutti gubachuu isaanii ,Manneen 62 diigamuu,Manni Amantaa Ortodoksii 2 jechuun (Mana kiristaanaa Qiddisti Maariyaamii Muka Gurraachaa fi Manni kiristaanaa guree Xabbinnoo Qidus Igziaabeer Aab) saamamuu isaanii ,Manni kiristaanaa Qiddus Giyorgis Beteeliyem Arjoo diigamuu akkasumas Hawwaasni Naannoo sababa Yaaddootiin buqqa'uu isaanii Manni kiristaanaa Cufamuu isaanii fi Laftii qonnaa isaanii qotamuu edda dhaabee waggaa 3 kan ta'e yoo ta'es Gibira itti kaffalaa jiraachuu isaanii hubachuun dandaa'ameera. haaluma wal fakkaatuun Aanaa Roobeetti Manneen 8 gubachuu isaanii, Horiin gaanfaa 235 saamamuu isaanii fi Qabeenyi gara Qarshii Miliyoona Kudhaniitti shallagamu barbadaa'uu akkasumas Aanaa Askootti Umrii Waggaa 101 kan qabu Manni kiristaanaa Qiddus Gabri'eel Caffaa saamamuunii fi

gubamuu isaa GMNI Mana Lubummaa Aanaa Asakoo fi Hawwaasa Naannoorraa raga argateen beekuu danda'eera.

Gochi kun sababa xiyyeeffannoo maluu fi furmaata seeraa waaraan hinkennamneef yeroodhaa gara yerootti cimaa fi bifa qindaa'een kan itti fufe waan ta'eef Hawwaasni Naannoo yaaddoo keessa kan jiru waan ta'eef Naannoo isaa gadi lakkisee godaanuuf sababa ta'eera. Kunis Mirga NAMoonni bilisummaan sosocho'uu fi Mirga jiraachuu Kan dhabsiisu waan ta'eef GMNI kan yaaddessu ta'uu ibsuu barbaada.

2. Dirqamoota Boqonnaawwan Seeraa

Mirga Lubbuun Jiraachuu fi Nageenya Qaamaa ilaalchisee; Heerri F.D.R. Itiyoophiyaa keewwanni 14"Namni hundi Mirga jireenyaa, Nageenya qaamaa kan hinsarbamnee fi kan hinjijjiiramne qaba" jedhee tumeera. haaluma wal fakkaataan Heerri F.D.R. Itiyoophiyaa keewwanni 15 Namni hundi Mirga Lubbuun jiraachuu akka qabuu fi seera keessatti kan tumameen alatti lubbuu isaa dhabuu akka hin dandeenye ifatti agarsiiseera.haaluma wal fakkaatuun Heerri F.D.R. Itiyoophiyaa keewwanni 16 Namni kamiyyuu Miidhaan qaama isaarra akka hin geenye mirga eegamuu akka qabu hubachiisa. Chaartarri Afiriikaa Mirgoota Namaa fi Uummataa (ACHPR) keewwanni 4 Namni dhuunfaa hundi Mirgi Lubbuun jiraachuu isaa fi Mirgii Nageenyaa qaamaa isaa kabajamuufii fi eegamuufii akka qaban mirgoottan isaa kunneen akkanumaan irraa mulqamuu akka hin dandaa'amne agarsiiseera. Ibsi Mirgoota Namoomaa Idila Addunyaa (UDHR) Keewwata 3, waliigaltee (Kakuun) Mirgoota Siyaasaa fi Hawwaasummaa Idila Addunyaa (ICCPR) keewwata 6(1) fi Keew.9 (10 irraatti Tokkoon tokkoo Namaa Mirga Lubbuun jiraachuu, Nageenya qaama isaa eegamuufii akka qabu mirkaneessa.Mirga kana

mirkaneessuun Mootummoonni Waliigalteen (ICPR) tti mirgoottan mirkanaa'an Biyya isaanii keessatti kabajuu, kabachiisuu fi dirqama guutuuf qaban akka qaban keewwata 2(1) fi 2(2) n tumameera.

Bilusummaa Amantii ilaalchisee Heerri F.D.R. Itiyoophiyaa keewwanni 27 Ibsa Mirgoottan Namoomaa Idila addunyaa (UDHR) keewwata 18 akkasumas Walii galtee Idila addunyaa Miraga Siyaasaa fi hawwaasummaa (ICCPR) Keewwanni 18 keewwata xiqqaa 1 irratti Namni kamiyyuu bilisummaa yaaduu,sammuu fi Amantii ni qaba.mirgi kun namni kamiyyuu amantii yookaan amantii filate qabaachuu yookiin fudhachuu ,amantii fi amantee isaa qofaa isaatti yookaan dhuunfaatti waaqeffachuu ,hordofuu,hojiirra oolchuu ,barsiisuu yookiin ibsuu of keessaa qaba. Haala Itiyoophiyaatti bilusummaan amantii sabab hedduun ifa yoo ta'u giddu seentummaa fi dirqisiisaa Mootummaan ta'e qaamota Kan biraa tokko malee bilisummaa Amantaa isaa hordofachuu ofiin of bulchuun namootaa akka kabajamuufi eegumsa kabajaatiif gargaara. Bilisummaan Amantii jiraachuun Mirgootni Namoomaa akka kabajamanii fi Ol'aantummaan Seraa akka mirkanaa'u Kan taasiisu waan ta'eef Namoonni sababa Amantii isaaniitiin akka hin qoolifatamne yookaan akka hingodaanne gochhuudhaan qoolifannaa Amantaa fi wal danda'uudhabuu akka ittisaatti gargaara.

Dirqisiisanii miliqsuu ilaalchisee ; akka fedhettuu Itiyoophiyaan Biyyaa Miseensaa yoo hintaanellee Namoota dirqiin miliqfamuurraa eegamuuf waliigaltee Idila Addunyaa bahe(International convention for the protection of All persons from enforced Disappreance) keewwata 1(1) Namni kamuu dirqiin Miliqsamuuf saaxilamaa ta'uu akka hinqabne tumuudhaan Qaamota Yakka kana raawwatan Mootummaan yakkaan akka itti gaafachiisu mirkaneessa. Keewwatni -3tti Dirqiin Miliqsamuu (enforced disappearance) gochawwan ibsaman kan raawwatan akkasumas hayyama Mootummaa malee, deggarsa ykn callisan Namoota dhuunfaa ykn Gareewwan (socho'an) qorachuufi itti gaafatamaa taasisuuf tarkaanfii mlau akka fudhatan Biyyoota miseensaa ni dirqisiisa.

Buqqaatii Biyya keessaaa ilaalchisee; Biyyi keenya fudhattee Kan mirkaneessite walii galtee Idil-Ardii keessaa Tokko Kan ta'e Walii galtee Kampaalaati. Waliigalteen Kun Kan baheef buqqaatii biyya keessaa ittisuuf, yeroo buqqa'anittis

Namoota eeguuf fi gargaaruuf akkasumas Namoota buqqa'aniif furmaata waaraa kennuufidha. waliigalteen Kampaalaa keewwata 2(d) kaayyoo waliigaltichaa yoo tarreessu; Biyyi Miseensota waliigaltichaa buqqaatota biyya keessaa kan ilaallate buqqa'uurraa eeguuf, eega buqqa'anii boodas eegumsa guchuu fi kenniinsa deggarsa Namomaa kennuu ilaalchisee itti gaafatamummaa fi dirqama qaban beeksisuu akka ta'e mirkaneessa. haala wal fakkaatuun buqqaatii Biyya keessaa ittisuu waliigaltichi Keewwata 3 keewwata xiqqaa 1(a) irratti Biyyi Miseensota Waliigaltichaa Buqqa'iinsa Biyya keessaa ittisuu akka qaban mirkaneessa.

Dabalataanis Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii buqqaatii Biyya keessaa ilaalchisee Qajeeltoowwan Qajeelfamaa 6(1) irratti Namni kamiyyuu bakka jireenya isaarraa Mirga akkanumaan akka hinbuqqaanee akka qabu Ni mirkaneessa. Kanaaf tumaawwan kanneen Mootummaan buqqaatii Lammiilee biyya keessaatiif taasisuu wantoota danda'an irraa ittisuu akka qabu hubachuu nii dandeenya. waliigalte Kampaalaa kana Keewwata 3(1)(b) ifatti akkuma tumame Eenyummaa Hawwaasummaa isaaniitiin , Amantii isaaniitiin fi ilaalcha Siyaasaa isaaniitiin buqqaatii Namootaa yookaan Hawwaasaa taasiisuu wantoota dandeessisan Siyaasawaa, Hawwaasummaa, qoollifannaa Aadaa fi Dinagdee fi haddheessa ittisuu kan jedhurraa ka'uun Lammiileen Buqqaatii biyya keessaarraa Mirga eegamuu qabu jechuun xumuruun ni dandaa'ama.

Mirga Qabeenyaa horachuu ilaalchisee; Ibsi Mirgoota Namoomaa Idila Addunyaa (UDHR) keewwata 17 Namni kamiyyuu qofaa isaattis ta'ee namoota kan biroo wajjin wal qindeessuun Mirga abba qabeenyaa ta'uu akka qabuu fi Namni kamiyyuu akkanumaan qabeenya isaa dhabuu akka hintaasifamne mirkaneessa. Mirgoota Namootaa fi uummattootaa Chaartari Afiriikaa (ACHPR) keewwata 14 irratti Mirga Abbaa qabeenyummaa akka mirkaneessuu fi sarbamu kan danda'u fedhii uummata yookaan faayidaa walii gala Hawwaasa fi bu'ura

seerota kaa'awwamaniin qofa akka ta'e mirkaneessa. Charteruma kana keewwata 1 irratti chaarteera kana keessatti biyyootni hammataman mirgoota chaarteera kana keessatti heeraman gochaawwanii fi birmadummaawwan isaa hubatanii hojiirra oolchuuf Seera baastuu yookaan tarkaanffiiwwan Kan biro fudhachuun akka isaaniif ta'u mirkaneessa. Heerri mootummaa F.D.R.Itiyoophiyaa keewwata 40 jalatti Namni Itiyoophiyaa kamiyyuu abbaa Qabeenyaa dhuunfaa ta'uun akka kabajamuuf mirkaneessa.

Mootummaan Federaalaa sirna Naannoolee keessa ittiin seenu mirkaneessuuf Labsii Lakk.359/2003 bahe keewwata 7-11 bu'uruma taa'een Mootummaan Federaalaa Naannoolee keessatti sarbiinsi Mirgoota Namoomaa yeroo raawwatamu fi Mootummaan Naannoos dhaabsisuu yoo dadhabu Mootummaan federaalaa gidduu akka seenu ,garee qulqulleessu akka erguu fi qajeelfama Naannoleef akka kennu itti gaafatумmaa kenna.

Walii galteewwan Idila-Addunyaa

Labsii adabbii yakkaa FDR Itiyoophiyaa Bara 1996 bahe lakk.414/1996 keewwata 269-280tti yakkawwan Seera Idila Addunyaa Sarbuudhaan raawwatamu yoo tarreesseyyuu yakka Sanyii balleessuu fi Waraanaa alatti Namoomaa irratti waa'ee yakkawwan raawwatamanii keewwata mirkaneessan hinqabu.waan ta'eef Namoomarratti yakkawwan raawwataman ilaalchisee kan akka yakka Sanyii balleessuu fi yakka waraanaa ifatti beekamtii kan kennuu fi dhorkawwan kan kaa'u seerri Biyyoolessaa hinjiru jechuu ni dandeenya. Waanuma fedheefuu Yakka Idila Addunyaa kanaaf ifatti beekamtii kennu Boqonnaan seeraa Biyyoolessaa yoo hinjiraannes Waliigalteewwan Idila Addunyaa fi Barteewwan Seeraa sarbuun

yakkawwan Namoomarratti raawwataman Itiyoophiyaa keessatti beekamtiin kamiyyuu hinkennamneef jechuu miti. Bu'ura Heera mootummaa FDR Itiyoophiyaa Keewwata 9 keewwata xiqqaa 4 fi keewwatni 13tti Mirgoonniifi Birmadummoonni heera Mootummaa keessatti tarreeffaman hundi Seeroota Mirgoota Namoomaa Idila addunyaa ,waliigalteewwanii fi Qajeeltoowwan wajjin bifa wal simeen kan ilaalaman waan ta'eef;Biyyattii keessatti yakkawwan Namoomarratti raawwatanis haaluma wal fakkaatuun Waliigalteewwan Mirgoota Namoomaa Idila addunyaa fi barteewwan bifa bu'ura godhateen kan ilaalaman ta'u.

Bu'ura waliigaltee Room A.L.A. Bara 1998 Manni Murtii Yakka waraanaa Idila Addunyaa (International Criminals Court) dhaabuudhaaf bahe keewwata 7 kew.xiqqaa 1fi2 tti:-

Yakka Namoomarratti Raawwataman :-jechuun miidhaa isa beekuun karaa tooftaa ta'een ykn baballateen miidhaa Namoota Hawwaasa(Civil) irratti gochaawwan raawwataman keessaa gochaa kamiyyuu jechuudhaa.Ajjeesuu,Butuu(dhabamsiisuu),garboomfachuu,Uummata daddabarsuu,ykn dirqisiisanii buqqisuu, Seerota Idila Addunyaa bu'uraa sarbuun hidhuu ykn Miidhaa Nageenya Qaamaa geessisuu gidirsuu,Diqiin gudeeduu,Garba sal-quunnamtii, dirqiin dubartootaa daandiitti baasuu, Ulfa dirqii,dirqiin Maseensuu fii kkfkn miidhaa saal-quunnamtii garee adda baafamanii beekamaniin ykn walitti qabamtootaarratti siyaasaan sanyii, sabaan,Gosaan,aadaan,Amantaan ykn saalaan adabbii Mana murtii, Namoota dirqiin miliqsuu,Yakkoota Apartaayidii,gidiraa, Miidhaa guddaa Qaamaa fi Xin-sammuu kangeessisa gochaa al Namummaa kan biroo.

Uummata Hawwaasummaa (Civilian) irratti miidhaa xiyyeeffatae jechuun: - gochawwan Kew.xiqqaa 1 jalatti Kan ibsaman uummata sivilii kamirrattuu raawwachuu jechuudha.

Alaabawwan (Ibsawwan) Yakkichaa

Sanadoota Seeraa olitti ibsine keessatti yakkawwan Namoomarratti raawwatan Kan ilaallateen bu'uruma hikkawwan kennamaniin Alaaboota bu'uraa yakkichaa Kan

jedhaman: "...Ummata sivilii irratti kan xiyyeeffate..." "...beekaa fi..." Tooftaawaa ykn bifa Baayyeewwan saaxilamtoota taasisanfaati.

- "...Miidhaan Namoota sivilii kamiyyuurratti xiyyeeffata..." / <<...An attack directed against any civilian...>>

Kaayyoon kutaa hiika kanaa yakkawwan Namoomarratti raawwataman Namoota /gareewwan eegumsi godhameef adda baasuuf yoo ta'uu; bu'uruma Kanaan miidhaan Kan irratti xiyyeeffate Namoota hidhatan ykn miidhamtoota lakkoofsa baayyee qaban osoo hintaane Namoota sivilii hin hidhanne ta'uu qaba. Dhaddachi Yugozlaaviyaa duraanii murtee dhimmi tokkoratti kenneen miidhaan tokkeen (qeenxeen) raawwatames Namoota sivilii ta'an irratti karaa tooftawaa ta'een ykn baayyeewwanis bifa miidhamtoota taasiisuun Kan raawwatame hanga ta'etti akka yakka Namoomarratti raawwatameetti lakkaawwama jedha.

Kan jechuun garuu ajjeechaa Nama dhuunfaarratti xiyyeeffate ,gidirsuu,dirqiin gudeeduu ykn gocha bifa kan biraa Namoota sivilii (Nama Nagaa) ta'an irrattis kan raawwatamedha jechuuf miidhaa raawwataan geessisee fi miidhaan Namoota Nagaa irratti raawatame gidduutti sababani ifa ta'ee fi bu'aan isaa walitti dhufeenya qabaachuu qaba.

Namoota Nagaa (kan hin hidhanne ykn Uummata sivilii ta'an kan jedhaman immoo eenyu kan jedhuuf Dhaaddachi Veenzuweelaa fi Ruwaandaa dhimmoota adda addaa irratti dhaaddacha taa'e keessatti hiikkoo Seeraa itti kenneera . kanaanis homaa tokkottuu hidhannaa kan hinqabne Namoota Nagaa gidduudhaa Sivilii kan hintaane ykn Namoonni hidhatan jiraachuu eegumsa Seeraa kennameef kan dhabsiisu akka hintaane hiikkoo itti kenneera.

- "... Beekuudhaan....." / <<...With Knowledge...>>

Hiikkoo seerichaa miidhaa sana utuu beekanii kan jedhu ibsi isaa irra guddaa Namoomarratti yakkawwan raawwatamaniif kutaa yaada itti gaafatamummaa mirkaneessuu dandeessisu dha jechu ni dandeenya.miidhaan Namoota Nagaa irratti xiyyeeffate akka sana akka ta'u dandeessisuuf kan kaayyeffate tooftawaa kan

ta'e ykn hedduuwwan saaxilamoo gochuu karaa dandeessisu bu'aa miidhaa qaqqabsiisu beekaa ykn beekuus qaba jechuudha.

- "...Tooftaawaa fi hedduuwwan saaxilamoo kan taasisa ..."/> / <<...Systemati

Seerota Idila Addunyaa sarbuudhaan yakkawwan Namoomarratti raawwataman jechuudhaan gochawwan yakkaa ibsaman Seerota Biyyoolessaa sarbuudhaan yakkawwan yakkawwan idilee raawwataman irraa Kan adda taasisu amallisaa irra guddaan tokkoo gosa yakkawwan jal-qabaa qajeelfama tooftawaa ta'een karoorfamee fi /ykn karaa hedduuwwan saaxilamoo taasisuun kan raawwataman ta'uu isaaniiti. hedduuwwan saaxilamoo kan taasisu ykn tarkaanfii jumilaan(waliigalaan) kan jechu ibsichi(Alaabaichi) kan agarsiisu baayyina Namoota gochichaan miidhamoo ta'anii yoo ta'u;Tooftawaa kan jedhummo akeektuu(Pattern) qulqullina gochichaa kan agarsiisu dha.

Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Bahaa Aanaalee adda addaatti miidhaa raawwataman argannoowwan akka agarsiisanitti garee bu'aa miidhaa kanaa beekaniin karaa tooftaawaa ta'ee fi karaa baballateen; Namoonni miidhaan irra gahe namoota hin hidhanne (Namoota Nagaa) ta'an qofaa osoo hintaane gareewwan Eegumsi seeraa godhamuuf ta'anii osoo jiranii Sabaan fi/ykn bu'ura eennyummaa Amantii isaaniitiin isaaniitiin ramaddiin godhameefii Maqaan bakka bu'u kan kennameef muraasa ta'uu isaaniitiin bakka bu'iinsa Siyaasaa kan hinqabneefi karaa qoratamee fi bifa qabuun garee idilee hintaaneen miidhaa yakkaa irratti raawwatame ta'uusaa haalli agarsiistuwwan yakkaa Namoomarratti kan jiran waan ta'eef GMNI hubachuu danda'eera.

3. Waamicha GMNI

- Mootummaan Federaalaa fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa Naannichatti irra deddeebiin garee hidhataniin sarbama mirgoota Namoomaa Amantaa bu'ura godhachuun raawwataman atattamaan akka dhaabsisanii fi dirqama Nageenya Uummatichaa eegsisuu utuu qabanii kana maldhibdeedhaan utuu hin raawwatiin qaamolee mootummaa dhiisan seeraan akka gaafataman;

- Mootummaan Naannoo Oromiyaa Godina Arsii bahaa Hawwaasa Aanaalee adda addaa jiraatan irratti Qaamota miidhaa eenyummaa iaasnii bu'ureeffate raawwatan hordofee seeraan itti gaafatamtoota akka taasisu. Mootummaan Naannoo Oromiyaa Hawwaasa Naannoo (Qe'ee) isaaniirraa buqqaa'anii rakkoo keessatti kan argamaniif Nageenya Naannichaa tasgabbeessuu fi mirkaneessuun akkasumas Uummataa wajjin Marii gaggeessuun gara Qe'ee isaanniitti haala ittiin deebi'an akka mijeessu.
- Mootummaan Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Bahaa Aanaalee adda addaa keessatti Namoota miidhaan Mirga Namoomaa irra gaheef Beenya malu akka kennuuf.
- Mootummaan Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Bahaa Aanaalee adda addaa keessatti Sarbiinsa Mirgoota Namoomaa Qaamota Hidhataniin bifa Amantaa bu'ureeffateen geggeeffaman to'achuu yoo dadhabe sirna Mootummaan Federaalaa ittiin gidduu seenu bu'ura labsii Lakk.359/2003 keewwata 7-11 bahen Mootummaan federaalaa gidduu seenuudhaan Nageenya Lammiilee Nagaa akka eegsisu GMNI nii yaadachiisa.

Finifinneetiyoophiyaa